# Ergaa Yihudaan Erge

## Seensa

Ergaan Yihuda'aa, worra dhugeeffattoota adoo hin te'in, dhugeeffattoota fakkaatee, barsiisa dharaa facaasu irraa dhugeeffattoota ifi eeggachiisiisaaf barreeffante. Ergaan tun dubbii ifi keessaa qadduun, ergaa Pheexroosii ta lammeesso'oo ta fakkaattu, ergaa gabaadduu tana keessatti, barreessaan, «Marroo dhugeeffannaa Waaqi kolba'aaf, yennaa takkattii akkaataa itti deddeebii hin qanneen kennee, jabeennaan akka falmatanu» worra dubbifatu jabeessee yaadachiisa.

**Haadhoo Dubbi'ii**

Seensa *1-2*
Barsiisa barsiisota dharaameyyi'ii, amalaa fi jigiisa *3-16*
Dhugeeffannaa akka eegatanuuf gorsa kenname *17-23*
Eebba *24-25*

[1] Ana Yihudaa garbicha Yesuus Kiristoosii, obboleessa Yaaqoobii biraa:

Isin worra waamantanee, Waaqa Abba'aan jaalatantanee, Yesuus Kiristoosiin tiffantaneef:

[2] Marartiin, nageennii fi jaalalli isiniif fakkanu.

### *Barsiisota Dharaameyyii*

[3] Jaalota tiyya! Marroo fayyinna woliin qoodannuu isiniif barreessiisaaf ani guddoo barbaadeeraayyu; amma ammoo marroo dhugeeffannaa

**1:1** Mat. 13:55; Mar. 6:3

yennaa takka'atti yennaa maraaf Waaqi kolbaa
ifiitiif kennee, jabaattanee akka falmattanu isin
gorsiisaaf barreessuun, barbaachisaa te'ee natti
dhage'ameera.
4 Worri Waaqa hin sodaanne gariin,
dhokaataan luuxanee wodhakkaa teenna
seenaneeran. Isaan worra badhaadha Waaqa
keennaa akka fedhane le'iisatti jijjiiranuu fi
Yesuus Kiristoos callaan bulcha'aa fi Goottaa
akka te'e mormanu. Akka isaanitti muramu
yennaa heddu'uun duraa barreeffameera.
5 Waan kana maraa isin duruu beettan, te'uu
malee, akka Goottaan kolbaa ifii biyya Gibxii
keessaa baasee fayyisee fi worra isatti hin
dhugeeffatinille duuba irra akka balleesse isin
yaadachiisu'uuf barbaada.
6 Akkasuma ergantoota Waaqaa ta baallii
isaanii kennante irra dabaranee, addee tee'anu
gad lakkisane qaabadha'a! Waaqi wodaroo
sibiilaa ta hidhaa bara baraatiin dukkana
keessatti hidhee, haga guyyaa muraa guddo'oo
isaan eegaa turseera.
7 Akkasuma worri qachoota Sodoomiitii fi
Gomora'aa, worri qachoota adaala saniille
sagaagaltuu* te'anee, seera dadamaatiinille ala
sagaagalane. Isaan worra ibidda bara baraatiin
adabamiisaan rakkatuuf fakkeenna te'aneeran.
8 Akkasuma, worri kun oojjuu ifii hordofiisaan
nafa ifii batteessan; baallii Waaqaalle hin tuffa-
tan, worra ol-gubba'atti ulfinna qabulle† hin ar-
rassan.

* **1:7** *Sagaagaltuu:* Sultoolee † **1:8** *Worra ol-gubba'atti ulfinna qabulle:* Ergantoota Waaqaa

9 Mikaa'eliin angafi ergantoota Waaqaatuu,
yennaa reeffa Muuse'ee irratti Seexanaan
wol mormane, «Goottaan si xixu» jedhe malee,
arrassee itti muriisaaf itti hin gamne.
10 Namooti kun ammoo waanuma hin hubanne
arrassan; akka bineensota wo yaadanee gar-
gar hin baannee, wonni isaan duudditii yaada
dhalootaatiin beekanu kun waan isaan balleessu.
11 Isaaniif aanne'e! Isaan karaa Qaayiniititti
goraneeran; adoo beese'eef joljolanuu dokonkora
Bala'aamii keessa galaneeran; akkuma Qoraahii
finqilanee badane.
12 Jarri tun fokkoo malee isin woliin nyaati-
isaan jila jaalalaa keessan batteessan. Isaan gad-
haa ifii calla'aaf yaadan; isaan akka duumensa
bokkeya ifi keessaa hin qannee, ka qilleensaan
oofamuu ti. Isaan akka muka yennaa midhaan
buusu'uuf maletti midhaan buusuu dhabee, hid-
daan buqqa'ee gogee killi jedhee ti.
13 Isaan akka danbalii abbaaya'aa, hoomacha
fokkoo ifii hoomachowaa, akka urjii taattottee
ta addeen dukkana duudduu bara baraa isi'ii
qophoottee ti.
14-15 Addaamii jalqabee dhaloota torbeesso'oo
ka te'e Heenoki, marroo namoota kanaatiif
raagee, «Kunoo, Goottaan nama duudii irratti
muriisaaf woyyoota ifii bindillaa woliin
hin dhufa. Inni hujii badduu worri Waaqa
hin sodaanne hujee fi dubbii arrabaa ta
cubbaaleyyiin Waaqa hin sodaanne isa irratti
dubbatte maraaf itti hin mura» jedhe.
16 Namooti kun yennaa mara worra gungu-
manuu fi worra namoota dhibii komatanu; isaan

halchaa badduu ifii hordofan, ifi hin jajan, bu'aa
ifiitiif jedhanee kolbaa sobanee saadan.

### *Ifi Eeganno'oo Fi Gorsa*

17 Jaalota tiyya, isin ammoo dubbii ergantooti
Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii tanaan dura
dubbatte qaabadha'a!
18 Isaan isiniin, «Bara muumme'eetitti worri
Waaqa hin sodaanne worri halchaa badduu ifii
hordofu, worri shasheessu hin dhufa» jedha-
neeran.
19 Worri kun worra isin gargar qoodu, worra
Ayyaana Woyyicha hin qanne, worra duudditii
halchaa ifii ta biyya lafaa gula yaa'u.
20 Jaalota tiyya, isin ammoo dhugeeffannaa
teessan ta waan duudi'iin irra woyyittii teete
irratti dhaabbadha'aatii jabaadha'a! Hunna
Ayyaana Woyyichaatiin daadimadha'a!
21 Marartiin Goottaa keenna Yesuus Kiristoosii,
ta gara jiruu bara baraatitti isin geessitu eeggataa,
jaalala Waaqaa keessatti ifi eega'a!
22 Worra mama qabuuf marartii qabaadha'a!
23 Worra kaan ibidda keessaa buta'aa
baasa'aatii hambura'a! Worra kaan worra
uffanni isaanii foon cubbama'aan‡ battowelle
jibbaa, soda'aan marara'aaf!

### *Daadimata Galataa*

24 Akka isin hin jinne isin tissiisaa fi komatama
malee, gammadaan ulfinna ifii dura isin dhi-
keessiisaaf ka dande'u,
25 Waaqa fayyisaa keenna tokkochaaf, karaa
Goottaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin, ulfinni,

‡ **1:23** *Foon cubbama'aan:* Halchaa cubbitti'iin

guddinni, hunnii fi baalliin bara durii mara du-
raan jalqabee, bara ammaatii fi haga bara baraa
isaaf te'u! Ameen.

# Kitaaba Woyyuu

## Oromo, Borana-Arsi-Guji: Kitaaba Woyyuu (Bible)

copyright © 2025 The Word for the World International

Language: gujii

Contributor: Bible Society of Ethiopia

This translation is made available to you under the terms of the Creative Commons Attribution Share-Alike license 4.0.
You have permission to share and redistribute this Bible translation in any format and to make reasonable revisions and adaptations of this translation, provided that:

- You include the above copyright and source information.
- If you make any changes to the text, you must indicate that you did so in a way that makes it clear that the original licensor is not necessarily endorsing your changes.
- If you redistribute this text, you must distribute your contributions under the same license as the original.

Pictures included with Scriptures and other documents on this site are licensed just for use with those Scriptures and documents. For other uses, please contact the respective copyright owners.
Note that in addition to the rules above, revising and adapting God's Word involves a great responsibility to be true to God's Word. See Revelation 22:18-19.

2025-05-02

---

PDF generated using Haiola and XeLaTeX on 19 Dec 2025 from source files dated 2 May 2025
61e71359-af4b-50d9-8600-a11d0dea133e